# Gufuwwan Kakaasuu: Balaafi Rakkinoota Dargaggoota Refiyuujii Ta'an Gidduu Kaayiroo Keessatti

*GABAASA GUMAACHITOOTA UMMATAATIIF*

## Nuti Eenyu?

Komishiniin Dubartoota Rifiyuujii (WRC) dhaabbata qorannaafi deeggarsaa Neew Yorkii, Yunayitid Isteetsii keessatti argamuudha. Kaayyoon keenya jiruuwwan foyyeessufi mirga baqataa achi keessattis kan dubartootaa, daa'immanifi dargaggootaa iddoo isaanii gadhisan eegu dha. Jijjiiramoota Serawwan, imaammatawwanifi sagantaaleen namoota walitti bu'insaan ykn barbadiinsaan miidhaman ilaallatanfi miidhaa qaban akka jijjiiraman nideeggarra.

## Nuti Gara Kaayiroo Maalif Dhufne?

Komishiniin Dubartoota Rifiyuujii (WRC) jiruufi jireenya magaalaafi Rifiyuujii ta'an irratti bara 2011 A.L.Awurooppaa keessa qo'annaa gaggeessee ture. Qo'annaa sana keessatti rakinni guddaan adda baasne fedhii dargaggootaafi akkamitti isa kana akka guutuu qabnu dha. Yoomessa magaalaa keessatti keessattu dargaggoota baqattoota ta'an akka qo'annu deeggarsa qarshii argannee jirra. Fedhiwwan dargaggootaa carraawwan barnootaafi jiruu isaanii waliin walqabatan madaaluuf gara Kaayiroo dhufnee jirra. Haala Kaayiroo keessa jiru ilaalchise gabaasa barreessuuf qo'annoo fayyadamna. Akkasumas yoomeessa magaalaa keessatti sagantaalee jiruufi jireenya dargaggoota baqattootaa akkamitti akka karoorsinuufi hojiirra olchinu irratti qajeelfama addunyaa maraaf ta'u barreessuuf qo'annaan nu gargaaruu danda'a.

## Yeroo Daawwannaa keenyaa Maal Raawwanna?



Komishiniin Dubartoota Baqattootaa Dale Buscher hojjattoota PSTIC Xinsammuu-hawaasummaa akka gargaaraa qo'annoofi turjumaanaatti madaalliif hojjatan waliin. Dargaggoonni baqattoota Iraaqiti.

Baqattoota Sudaan, Sudaan Kibbaa, Iraaq, Soomaliyaa, Eritiraafi ummata Oromoo keessaa dhufan waliin walargina. Furmaatawwanif akka ta'an muxannoowwanifi yaadawwan isaanii ilaalchisee yaada fudhachuuf irra caalaan dargaggoota wiliin nihaasoofna. Namoota 22 (dubara 14, dhiira 9) gaaffifi deebiiwwan tokkofi tokkoon walargina. Marii garee xiyyeeffannaa sagal (9) tokkoon tokkoon isaanii namoota (6-8) qaban nigaggeessina. Gareewwan kanneen dargaggoota, maatiwwan, Hoggantoota Dhaabbilee Bu'ura Ummataa (CBO) fi Hojjattoota Xinsammuu Hawaasummaa (dubartoota 23, dhiirawwan 30 ) ta'anitti qoqqoodne jirra. Lakkoofsi waliigalaa baqattootaa nuti haasofsiisnu 88 ( dubartoota 38 fi dhiira 50) dha. Akkasumas bakka bu'oota dhaabbilee 19 tajaajilawwan jireenyaa ykn hawaasummaa dargaggoota iddoo isaanitirraa buqqa'anif dhiheessan ykn bakka isaanii bu'anii gargaaran waliin gaaffifi deebiwwan nitaasisna.

## Haalduree

Ejiptiin waliigaltee sadarkaa jireenya baqattootaa waliin walqabate kan bara 1951 fi pirotokolii isaa kan bara 1967 mallatteessite jirti. Akkasumas waliigaltee Dhaabbata Gamtaa Afrikaa (OAU) bara 1969 mallatteessite jirti. Sababii Ijibtiin waliigalteewwan kanneen mallatteessiteef, baqattoota dirqama itti ta'ee rakkoo dheessuun gara Ijibti galan yeroodhaaf kooluu argachuufi eeggamudhaaf mirga qabu.

Komishinariin Ol'aanaa Baqattootaa Dhaabbata gamtoomanii (UN) hojiilee haala sadarkaa jireenya baqattootaa murteessuu (RSD) , baqattoota galmeessuu fi ragaalee dhiheessuu nihojjata.

Ejiptiin seera addunyaa adda ta'an baqattootaaf egumsa taasisanifi mirga kennan mallatteessitee jirti. Seeraan, baqattoonni mirga hojiifi barumsa kan hinqabne fakkaata. Haata'u malee, akka seera biyya keessaa Ejiptootaa, baqattoonni akka lammi biyya alaa ta'anitti ilaalamu, kana jechuunis, garuu mirga hojii fi barnootaa niqabu. Garuu, dargaggoota baqattootaatif maaliif hojii barbaadufi gara mana barumsaa

deemuun baay’ee rakkina itti ta’eef sababoonni biroon nijiru. Kanaafis sababoonni gurguddoon isaan lamaan:

- Biyyatti keessatti hojii dhabdummaa ol’aana ta’et jira. Akkasumas Dargaggoonni Ejiptoota ta’an hojiilee barbaaduuf rakkoo qabu.
- Baqattoonni muraasni Afaan Arabaa dubbachuu hindanda’an. Barnoota hordofufi leenjii ogummaa argachuuf Afaan Arabaa dubbachuu qabda.

## Nuti Maal Hubanne?

Dargaggoonni baqattoota ta’an muraasni hojjachaa jiru. Haata’u malee, yeroo baay’ee hojiin sa’aa dheeraadhaaf, iddoo jireenya irraa fagoofi kaffaltii gadaanaatiin kan hojjatamudha. Yeroo tokko tokko, namoonni hojii mana keessaa yemmuu hojjatan qacartoota isaaniirraa balaa midhama sammuufi saalqunnamititu jira. Hojiin nijira, garuu namootaaf nageenya kanhinqabne ykn baasiiwwan mana keessaa barbaachisaa isaaniitiif kanfaltii gahaa kan hinargamsiisne dha.



Dargaggoon bakataan tokko hojii sibilaa barata, dinaagde mitidilee keessaa hojjachuuf carraa leenjii isa baratamaa ta’e, Giddugala Leenjii Ogummaa Don Bosco keessatti. Suraa hojii gaarii Don Bosco.

Dargaggoonni sagantaalee isaaniif ta’u hinqaban. Sagantaaleen hundi yeroo baay’ee maatilee ykn namoota baay’ee dadhaboo ta’an gargaaru. Dargaggoonni sagantaalee fedhii isaanii guutanifi akka walgargaaran gidduu isaanii walqunnamtii akka uman isaan gargaaran barbaadu.

Dargaggoonni yeroo tokkoon akka hojjataniifi gara mana barumsa ykn leenjii ogummaa deeman barbaadu. Isa kanas barnoonni galgalaa waan hinjirreef ammaan tana gochuu hindanda’an. Kun keessattuu kutaa barnoota afaaniitif dhugaa jiru dha, sababiin isaatiis Afaan Arabaa kan hinbaranne yoo ta’e, gara mana barumsaafi gara leenjii deemuun hindanda’amu.

Dargaggoonni leenjii ogummaa barbaadu, garuu qulqullinni isaa gad’aanaa fi leenjichi yeroo dheeraa kanhinfudhanneedha.

UNHCR fi Dhaabbileen Miti-mootummaa (NGOs) baqattoota dadhaboo ta’an qofaaf deeggarsa kennu. Dargaggoonni hojii xiqqoo yoo qabatan, ykn rakkinoota isaaniitiif furmaatawwan yemmuu barbaadanillee, namni isaan gargaarufi kaka’umsa isaaniitiif isaan badhaasu tokkoollee hinjiru.

Odeeffaannoon dhihaatuuf kannama bitaa galchudha. Yeroo baay’ee iftoomina kanqabu miti. Kun dhimma tokko dha, sababiin isaatiis gareewwan baqattootaa adda addaa mirgoota adda adda ta’an qabu. Fakkeenyaaf, baqattootaaf eenyu barnoonni bilisaa akka hayyamamuuf ykn eenyu leenjii ogummaattiif mirga akka qabu beekuuf baay’ee rakkisaadha. Odeeffannoon yoo ifa ta’uu baate, baqattoota, UNHCR fi Dhaabbilee Miti-mootummoota gidduutti shakkiin akka umamu taasiisa. Namoota tajaajila dhiheessaniifi hawaasa baqattoota ta’an gidduutti walhubannaa gaarii ta’e jiraachuu qaba.

## Nuti yaada furmaataa maal dhiheessina?

## UNHCRn Gochuu kan Qabu:

- Furmaatawwan yeroo dheeraa deeggarsa kennuuf mootummaa Ejiptootaa waliin hojjatu fi sagantaalee furumaat yeroo gabaabatiif dargaggoota gama barnootaatiinfi jiruufjireenya adda bahee beekkamu irratti deeggaru qindeessuu .

- Tajaajilawwan dhiheessuu danda’an irratti haala raawwii miseensootaa deebisanii- madaaluu. Waliigalteewwan miseensuummaa gara waldaalee dargaggoota Ejipshiyaanootaa taajaajilanittis bal’achuu qaba.

### Tajaajila Dhiheessaan Kan Gochuu Qabu:

- Baqattootaaf Raadiyoo Intarneetii/ Yuu tuyubii eegaluu. Jijjirraa odeeffannoorratti carraaqqileen taasifaman yoo jiraatan illee, wal-amantaa dhabuufi odeeffaannoo dogoggooraa irratti hojiin irracaalaa hojjatamuu qaba. Teeknooloojiin akkanaa kun dhimma hawaasummaa irratti akka hirmaataan kakaasa.Vidiyoowwan afaan haaraa barachuuf gargaaran ykn kutaalee galgalaa reediyoodhaan qaqqaban namoota hojiirra jiranii ykn isaan daandii fagoo deemuu hindandeeyne qaqqabuu danda’a.
- Dhaabbilee Mitimootummaa (NGOs) Ejiptootaa biyya keessaa waliin harii uumuufi waliin hojjachuu.Connect. Qabeenyi murtaawoo waan ta’eef rakoowwan dargaggootaa ummataafi hawaasaa baqattootaa waliin qooda qaba. Sagantaaleen kan akka warkishooppii guddisa hubannoo, gareewwan dargaggootaafi gareewwan Ispoortii loogii dargaggoota baqattoota irra gahu nixiqqeessa.

### CBOn Baqattootaa Kan Raawwachuu Qabu:

- Kutaa barnootagalgalaa afaanii , qophaa’ina hojii, faayinaansiifi kompiitaraa qabaachuu .
- Dargaggootaaf neetwarkii hiriyummaa tokko tokkoonifi hojiilee garee qabaachuu. Dargaggoonni irracaalaan raawwilee bashannanaa walitidhufeenya hawaasummaa isaanii cimsuuf gargaaran nibarbaadu.
- Warkishooppii keessatti ykn walgahiirratti waa’ee qophaa’ina hojii barsiisuu. Inni kun namoota hawaasa keessa jiraniifii hojii qabaniin barsiifamuu danda’a.
- Odeeffannoo waljijjiiruuf, walirraa barachuuf, feedhiifi carraa walfakkaatu adda baafachuufi walgargaaruuf CBO mooraa baqattootaa biro waliin walgahii gaggeessuu.

YGabaasaafi yaada furmaataa guutuu keenya *Shifting Sands: Risk and Resilience among Refugee Youth in Cairo* (Afaan Ingiliiziitiin) keessaa , http://wrc.ms/PymzJ0 irratti dubbisuu dandeessu.

Gabaasni kun kan isiiniif faayidaa qabu ta’uu isaa info@wrcommission.org. irratti nu beekisiisaa.

### Galatawwan

Dargaggoota fi shamarreen iddoo isaanii irraa buqqa’aniifi rakkoo keessa jiran deebiifi yeroo isaanii qo’annaa kanaaf kennan nigalateeffanna.

Gabaasni kun gargaarsa maallaqaa Dipaartimeentii Isteetii U.S. ,Biiroo Ummataa, Rifiyuujii fi Baqattootaa irraa argameen kan dhihaatedha

Waldaa Dubartoota Rifiyuujii | 122 East 42nd Street | New York, NY 10168-1289
212.551.3115 | info@wrcommission.org | www.womensrefugeecommission.org